

Ful-baana (September) 2023 Oromo | Afaan Oromoo

# Mana keenya ol ka'ee ijaarame (high-rise) dulluma baasuutti deemaa jirra.

## Kireeffattoota kara hundaan ni tumsina.

Viktoriyanotni hundi mana nageenyaa fi tika qabu kan gatiin isaa rakasha tahe barbaadu. Hawaasa keenya akkaan mana barbaadaa jiru kan baranee ykn haaraya, humna ifaa qusatu fi qe'ee hundaaf tahu argamsiisuuf tarkaanfii itti aanu guddaa fudhataa jirra.

### Kana jechuun siif maali?

Halkan takkatti waan jijjiiramu hin jiru. Mana kee ammuma jijjiirratuu si hin barbaachisu.

Manneen ummataa ol gudguddoon (public housing towers) dullooman diigamuun yeroo fudhata, kanaaf yeroo hojiin isaa kun deemsisamaa jirutti kireeffatootni bakkuma jiranitti akka itti fufan Homes Victoria mirkaneessee jira.

Yaad-gabbisa (feedback) kee argatuu fi barbaachisummaa mana jireenyaa kee ni hubanna.

Manneen ummataa ol gudguddoon dulloomanii jiran jiraattotaa fi namoota keenya manneen barbaadaa jiraniif bifa bareedaa, nama hawwatuu fi jireenyaaf toluu tahee wayyeessama.

### Mana keenya ol gudguddoo (older towers) dulluma baasuu

Manneen ummataa ol gudguddoon dullooman gara jireenya isaanii xumuratuutti dhufaa jiran, fedhii fi akka itti hawaasni keenya irraa eeguttis manneen kana yero yerootti suphuu itti fufuun haala sadarkaa manneen ammayyee (modern standards) irra jiraniin wal biratti ilaalame misha (feasible) waan qabu hin fakkaatu.

Har'a irraa qabnee manneen ummataa ol gudguddaa dullooman (older public housing towers) dulloomsuu ni jaqabna.

Waggootaa fi waggoota kudhanoota itti aansaniif Homes Victoria manneen ol gudguddoo dulloomoo 44 Melbourne keessa jiran bifa ammayyee (modern), kan jireenyaaf mijjatu fi gaarii taheen deebisee ijaaruudhaan kara itt hawaasni keenya itti gargaaramanii fi argatan mijjeessaaf.

Baatilee itti aanan tarkaanfiin itti aantu maal akka taate waa'ee manneen ol gudguddoo dulloomoo itti godaanuu fi manneen haaraa fi gaarii ijaaruuf jiramu irratti jiraatota hundaaf odeeffannoo guutuu fi gargaarsi (odeeffannoo gargaarsa afaanii dabalatee) ni kennama.

## Hawaasa dhaggeeffatuu

Si dhaggeeffatuuf as jirra. Akkuma manneen ummataa ol gudguddoo dullooman dulluma baasaa deemaa jirruun gaaffii yoo qabaatte siif deebisuuf as jirra.

Baatilee itti aanan keessa, hubatuuf si waliin dubbanna:

- sii fi hawaasa keetiif maaltu akka barbaachisu
- akkamiin odeeffannoo akka argatuu fi
- mana ofii keetiif filattuu fi wanneen barbaachisan.

Guyyoota itti aanan keessa gaaffii qabdu deebisuu, gorsaa fi gargaarsa si barbaachisuuf fuulaa fi fuulaan wal agarra.

## Sadarkaa hundatti si gargaaruu

Ati fi hawaasni kee giddu-galeessa (centre) sagantaa kanaa ti - tarkaanfii fuulduratti fudhatamu hundaa irratti si gargaarra.

Yeroo si barbaachisutti odeeffannoo barbaaddu akka argattuuf si fi hawaasa kee waliin walitti siqeenyaan hojjenna.

Hammi karoorri manneen ol gudguddoo dullooman dulluma baasuun itti jiramutti deemsa kana keessatti gartuu cichoominaa fi muuxannoo qabaniin si waliin dalagna.

## Odeeffannoo dabalaa

**Yeroo namni afaan hiiku jiru** 1800 716 866 bilbili ykn **email ergi** enquiries@homes.vic.gov.au

**Odeeffannoo hawaasaa irraa** hirmaadhu Sa'aa fi guyyaan mar-sariitee keenya irraa fi ulaa manneen ummataa (building foyers) keessa jira.

**Ilaali** homes.vic.gov.au

**Caalaatti baruu fi wanneen gara afaaniitti hiikaman**
kara koodii QR kanaa argadhu

homes.vic.gov.au

Fulbaana (September) 20213 Mootummaa Victoria 1 Treasury Place, Melbourne.
© State of Victoria, Homes Victoria dhaan qopheessame.
Maxxansaan Finsbury Green (HV014523)

homes victoria

VICTORIA State Government